Akeekkachiisa:

Affeerraa Af-gaaf eenyummaa keesssan beekuf namoota Itoophiyaa bakka bu'aniin isinii godhamu ilaalchisee:

Eenyummaa keessan beekuf qaamolee embaasii Itoophiyaa irraa dhufanii fi biiroo dhimma baqattoota jarmaniitin gaaffiif deebii isiniif godhamu irratti waan hubachuu qabdan:

Namoonni Mootummaa Itoophiyaa bakka bu'an kunniin gaaffii isin gaafatu. Dhimmi ijoon isaammoo Lammii Itoophiyaa fi Itoophiyaa ta'uu keessan adda baafachuufi. Yoo isin lammiii Itoophiyaa taatan Waraqaa ittiin isin gara biyyaa galchan(Reisedokument) isiniif qopheessu. Namoonni kunniin maal isin gaafachuu dandahu?

Maqaa keessan, Itoophiyaa eessatti akka dhalattan fi guddattan.

Afaan isin dubbattan isin gaafatu.

Kanammoo kan godhan walii galtee Mootummaa Itoophiyaa fi Jarmanii giddutti godhameen yoo isin lammi Itoophiyaa taatan waraqaa ittiin gara biyyaa itti isin galchan qopheessu.

Af-gaafii kanarraa hafuu kan dandeessu

- dhukkubsattee Dokatarri kee dhukkubsachuu kee xalayaadhaan deeggaree ragaa yoo siif barreesse.
- Himannaan isinirratti yoo banamee fi sababa saniif dhufuu yoo hin dandenne.

Sababuma fedheenuu tahu af-gaafii isa duraarraa yoo haftan, Af-gaafii isa ittanuf immoo poolisiin dirqaman qabee achi isin geessa.

Namoonni affeerran biiroo dhimma baqattoota naannoo keessanii(Ausländerbehörde) irraa gaffiif deebif akka dhiyaattan yoo gaafatamtan hatattamaan Abukaatoo(Anwalt) qabachuu qabdu. Yookan immoo dafatanii qaamolee dhimma baqatarratti gorsa kennan qunnamuu qabdu.